


KAI QEERRO!!



**Sochii Dargaggoota Biyyolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)**

**National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)**

**Mootummaan Abbaa Irree EPRDF/TPLF Master Plan Finfinnee Bara Haarawaa As Adeemu
Irraa Eegaluuun Hojii Irraa Kan Oluu dha Jechuun Kenne Ilaalchisuun Queerloon Bilisummaa
Oromoo Gadi fageenyaann Balaaleeffachuuun Ibsa Qabxii Torba Qabu Uummata Oromoo
Hundaaf Dabarse.**

**Ibsa Queerloo Bilisummaa Oromoo
Fulbaana 3,2013 Finfinnee**



Dhimmi Master Plan Finfinnee Uummata Oromoo hunda ilaallata, angawaan Wayyaanee dhiiga ijomaan Oromoo irratti wareegaman dhimma Oromoo lafa irraa dhabamsiisuun yakka dugugginsa Sanyii (Genocide)n wal gitu uummata Oromoo irratti karoorfamedha. Dhimma Queerloon dargaggootni barattootni Oromoo fi Uummati Oromoo bara darbe Ebla 11/2014 irraa eegaluuun Finfinnee fi Oromiyaa falmachuu fi bilisummaa uummata Oromoo kabachiisuuf wareegama qaalii sochii hadhaawaa gaggeessuun wayyaanee dura dhaabbatan ;mootummaan wayyaanee yakka dugugginsa sanyii uummataa Oromoo irratti rawwachaa jiruuf itti gaafatamuu utuu qabuu ammas dhiiga Oromoo dhangalaasuun Master Plan Finfinnee hojii irra ni olchina jechuun uummata Oromoo bittinneesse, lafaaf qabeenyaa Oromoo irra ilmaan isaa qubsisiisuun Oromoonaan bara baraan gita bitta jalaa akka hin baanee fi Oromiyaa dhabamsiisuuf Uummata Oromootti dhaadachaa jiraachuu ifatti beeksifacha jira.

Akeekaa diinaa balaaleeffachuu fi Finfinnee, Oromiyaa fi gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi bilisummaa Uummata Oromoo kabachiisuuf wareegamaa hadhaawaa fi qaalii baasuuf Queerloon bilisummaa

Oromoo kutannoo fi murannooodhaan qabsoo gitaa fi FDG 'n wayyaanee abbaa irree murna EPRDF/TPLF dura kan dhaabbatu ta'uu ibsuun ; UUMMATA OROMOO HUNDAAF Ibsa ejjennoo qabxii torba of keessa qabu dabarse.

1. Uummatni Oromoo Oromiyaa fi Oromiyaan ala biyyoota Ambaa garaagaraa keessa jiraatu haal-duree tokko malee utuu dhiimmota amantaa, ilaalchaa fi rakkoo dhuunfa sababa hin godhatiin mirga Oromiyaa fi Finfinnee akkasumas magaaloota nannawaa Finfinnee fi magaalotaa gurguddoo Oromiyaa irratti qabnu kabachiifachuuf harka wal qabannee yeroon gamtaan kaanee falmannuu amma ta'uu hubachuun iyyaa iyya dabarsaa Oromoo hunda lafa jiruu hundaa dammaksaa!!
2. Duulli Uummata Oromoo qe'ee fi qabeenya irraa buqqisuun lafaa balleessuu fi teessuma Oromiyaa diiguuf maqaa "Master Plan Finfinnee" jedhuun wayyaanee EPRDF/TPLF itti yaadee qopheeffate gaaffii tokko malee dhaabbachuu qaba. Roroo kana dhaabsisuuf Oromoorn gootummaa isaa, eenyummaa isaa , dandeettii isaa fi qabeenya fi beekumsa isaa utuu hin quatiin mootumma wayyaaneetti argisiisuu bakka jirtanii fi gamtaa keessa jirtan hunda keessatti qophii cimaan akka sochootan waamicha keenya dabarsina.
3. Uummatni Oromoo hundi gaaffii kabajamuu mirga abbaa biyyummaa, walabummaa Oromiyaa fi bilisummaa isaa gonfachuuf sadarkaa fi haala keessa jiruu kamiin illee utuu of hin daangessiin dhimma Oromummaa fi Oromiyaa irratti harka walqabannee akka sochoonu Queerroon Bilisummaa Oromoo gadi jabeessuun dhaamsa dabarsa!!
4. Jaarmiyaaleen siyaasaa fi waldaaleen hawaasa Oromoo hundi genocide maqaa Master Plan Finfinnee jedhuun uummata Oromoo irratti duula labsama jiruu irratti, garaagartee kamuu utuu hin argisiisiin maqaa Oromiyaa tokkittii fi uummata Oromoo tokkicha jedhuun duula FDG gaggeeffamu keessatti qooda fudhachuuf amumaa irraa eegaluu ibsa ejjennoo akka dabarsitanii fi qophii barbaachisuu akka gootan Queerroon Bilisummaa Oromoo waamicha isaa isiniif dabarsee jira.
5. Mootummaan Gabromsaa uummata keenya balaa beelaaf saaxilee kan jiruu fi beelaan dhumaan kan jiru Oromoodha. Qe'eef qabeenya irraa buqqa'aas kan jiru Oromoodha. Kana malees yakka ajjeechaa duguugginsa sanyii (genocide)n uummata Oromoo nagaa (civil society) irratti Oromiyaa godinalee kanneen akka Amboo, Neqamtee, Arsii Lixaa, Harargee, Baalee, Booranaa fi Gujii, fi dhaabbilee barnoota ol aanoo Amboo, Wallaggaa, Harammayyaa, Adaamaa, Madda Walaabuu , Jimma, Mattuu fi Bulee Horaatti waraanni wayyaanee Agaazii jedhamu gara jabinaan fudhachaa turee fi dheengadda magaalaa Neqemtee keessatti yakka waraanaa ilmaan Oromoo irratti raawwatameef mootummaan EPRDF/TPLF seeraatti nuuf dhiyaachuu qaba!!
6. Uummatni Oromoo dargaggootni,barattootni fi barsiisotni, hojjettootni , qonnaan bultootni, hojji dhabdootni, dafqaan bultootni, poolisootni Oromiyaa, poolisiin kora bittinneessa Oromiyaa, milishootni Oromiyaa, ilmaan Oromoo raayyaan waraana itti biyya keessa jirtan hundi dhimmi "Master Plan Finfinnee" fi ukkaanfamuun gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi dimookiraasii uummata Oromoo dhimma jiraachuu fi jirenya dhabuu uummata Oromoo, hunda keenyatti dhagaa'amu qaba. Bakka jirruu hundatti FDG fi qabsoo gitaa abbaa irree qawween nu bitaa jiru dura dhaabbachuu gartuu fi haala jirru keessatti FDGf of qopheessuu qabna.
7. Mootummaan wayyaanee ERDF/TPLF magaaloota Oromiyaa garaagaraa keessatti uummata keenya dahoo dhorkachuun itti taphachuuf jedhee manneen jirenya uummataa irratti diigaa kan jiruu dhaabbachuu qaba. Uummatni Oromoo manni jirenyaa isinirratti diigamaa jiruu fi qe'ee irraa buqqifamaa jirtan wareegama qaallii kanfalaa malee qe'ee keessan irraa akka hin buqqanee waamicha isiniif dabarsina.

Injifannoон uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati

Qeero Bilisuma Oromoo!!

Hagayaa 31/2015

Fanfinnee, Oromiyaa

Garagalcha:

- ✚ Uummata Oromoo Hundaaf!!
- ✚ Jaarmiyaalee Siyaasa fi Hawwaasummaa Oromoo hundaaf!!
- ✚ Saba himaalee walabaa Oromoo hundaaf!!